# Overview of Early Intervention Dispute Resolution Processes for Families of Infants & Toddlers (Birth to Age 3) (Haala Waliigalaa Hojimaata Waldhabdee Furuu Gidduu galummaa Duraanii Maatii Araasii fi Daa'imman Saafelaa (Dhalootaa hanga Umurii 3))

***Giddugala Waldhabdee Furuu Sirrii Ta'e Barnoota Fedhii Addaa irraa kan fudhatame kutaa biyyaa Washington**



CADRE (2018). Qajeelfama Saffisaa CADRE Adeemsa Waldhabdee Furuu Sirrii Ta'e Gidduu-galummaa Warra Araasii fi Daa'imman Saafelaa (Dhalachuu hanga Umurii 2), Eugene, Oregon, CADRE. Guyyaa Maxxanfame: Fulbaana 2018.

| Process (Adeemsa) | Mediation (Araarsuu) | Processes Mediation Administrative Complaint (Komiiwwan Bulchiinsaa) | Due Process Hearing (Hojimaata Dadhacha Haqaa) |
|---|---|---|---|
| Hojimaatni Akkamiin akka Garaagara Ta'an | Adeemsa tola ooltummaa namoota araara buusan kan loogii hin qabne, gahumsa qabani fi leenji'an waliin walitti fidu, innis akka waliin haasa'an, yaaddoo isaanii ibsatan, fi waliigaltee dhabuu akka furan gargaaru. | Gaaffii barreeffamaa dhiyeessaan tajaajilaa, ejensiin dhiyeessaa, ejensiin dursaa bulchiinsa mootummichaa, ykn ejensiin mootummaa biroo Kutaa C kan IDEA akka hin hordofne ibsuuf, akkasumas murtoon mootummaa gaafachuuf itti fayyadamu. | Adeemsa komii warraan dhiyaate furuuf kan itti fayyadamnu. |
| Dhimmoota Akkamii fi Yoom Fayyidaa Irra Oolu | Yeroo kamiyyuu warraa fi Ejensii Dhiyeessaa ykn Dhiyeessaa Tajaajilaa gidduutti kenniinsa tajaajilaa kutaa C kan IDEA jalatti kennamu waliin walqabatee waliigaltee dhabuun yoo jiraate kan faayidaa irra oolu dha. Yeroo kamiyyuu, osoo gaaffiin hojimaata dhaddacha murtii kennuutti jiruu, ykn komiin bulchiinsaa dhiyaate dabalatee, ykn yeroo kamiyyuu gaafatamuu ni danda'a. | Araasii/daa'ima saafela murtaa'e tokkoo fi maatii isaanii ykn dhimmoota sirna guutuu naannichaa ilaalchisee dambiiwwan IDEA Kutaa C hordofamuu isaanii ilaalchisee gaaffiin yeroo ka'u kan faayidaa irra ooludha. | Araasii ykn daa'ima saafela adda baasuu, madaaluu ykn ramaduu, ykn daa'ima ykn daa'ima saafela fi maatii daa'ima sanaaf tajaajila gidduu seensaa dafanii kennuu wajjin walqabatee waliigaltee dhabuu furuuf kan oolu. |
| eenyutu jalqaba | Miseensi maatii, Dhiyeessaan Tajaajilaa, Ejensii Dhiyeessaa fi/ykn ejensiin mootummaa araara gaafachuu ni danda'a. Hirmaannaan qaama hundaa fedhiitiinidha. | Namni ykn dhaabbatni kaminiyyuu, kan naannoo biraa irraa illee, komii bulchiinsaa dhiyeeffachuu ni danda'a. | Gaaffii hojimaata dhaddacha murtee kennuu dhiyeessuu kan danda'u warra qofa. |
| Bu'aa ykn Bu'aa Barbaadamu | Waliigaltee barreeffamaa mallattaa'ee fi seeraan hojiirra kan oolu. | Murtii barreeffamaa kan argannoo figoolaba of keessatti hammate, fi sababoota murtii dhumaa kan tarreessu. Argannoon Kutaan C kan IDEA hin hordofamne jedhu yoo argame, gabaasichi fedhii araasii/saafela fi maatii komii sanaan walqabatee jiru guutuuf tarkaanfiiwwan sirreeffamaa barbaachisanis of keessatti qabachuu qaba. | Argannoowwan barreeffamaa dhugaa fi murtiiwwan. Murtichi tarkaanfiiwwan addaa akka fudhataman ajajuu ni danda'a. |

Washington State Department of
CHILDREN, YOUTH & FAMILIES

| Process (Adeemsa) | Mediation (Araarsuu) | Processes Mediation Administrative Complaint (Komiiwwan Bulchiinsaa) | Due Process Hearing (Hojimaata Dadhacha Haqaa) |
|---|---|---|---|
| Garaagarummaa Hojimaataa | Mariin araaraa iccitawaa fi hojimaata murtii kennuu ykn himata siviilii keessatti fudhatama hin qabu.<br><br>Araarri adeemsa jijjiiramaa dha – hirmaattonni adeemsa irratti dhiibbaa uumuu fi dhumarratti bu'aa murteessuu danda'u.<br><br>Namni Araarsu murtii hin kennu. Hirmaattonni hundi waliigaltee araaraa keessatti ta'een murtii kamiyyuu irratti walii galuu qabu. | Filannoon falmii furuu nama ykn dhaabbata kamiyyuu, kanneen daa'ima waliin wal hin qabanne dabalatee, banaa ta'e kana qofaadha.<br><br>Murtiin dhumaa tarkaanfiiwwan sirreeffamaa daa'imman irratti xiyyeeffatan ykn dhimmoota sirna guutuu wajjin walqabatan of keessatti qabachuu danda'a.<br><br>Komataan waa'ee yaaddoowwan jiran odeeffannoo dabalataa dhiyeessuudhaaf carraa ni argata. Odeeffannoon kun afaaniin ykn barreeffamaan dhiyaachuu ni danda'a. | Warri ijoollee baasii tokko malee, barreeffamaan ykn elektirooniksii jechaa jechaatti hiikamaa dhaddachichaa argachuudhaaf warri mirga qabu.<br><br>Murtiin qondaala dhaddachaa mana murtii naannoo ykn federaalaatti ol'iyyannoo ni qabaata. |
| Faayidaalee | Mariin iccitawaadha – wanti jaarsummaa araara keessatti dubbatamu hojimaata dhaddacha murtii kennuu ykn himata siviilii keessatti akka ragaatti fayyadamuun hin danda'amu.<br><br>Araarsuun komiiwwan barreeffamaa mootummaa ykn hojimaata dhaddacha murtii kennuu caalaatti filannoo caalaatti jijjiiramaa, kan mormii xiqqaa ta'e kenna.<br><br>Yeroo tokko tokko hirmaattonni adeemsa kana bocuudhaaf jaarsolii araaraa waliin hojjetu. Haala tokko tokko keessatti, hirmaattonni jaarsolii araaraa waliin ta'anii akka filataniif hayyamamuufi danda'a.<br><br>Araarsuun komii barreeffamaa mootummaa ykn hojimaata dhaddacha murtii kennuu caalaa waliigaltee dhabuu saffisaan furuuf gargaaruu danda'a. | Murtiin barreeffamaa himanni erga dhiyaatee booda guyyoottan**kaalaandarii** 60 booda ta'uu qaba, yoo komii addaa sana ilaalchisee haala addaatiin gabateen yeroo dheerate malee.<br><br>Komii bulchiinsaa dhiyeessuun yeroo walbira qabamee ilaalamu salphaadha. | Dhimmoota qaamoleen ofumaan furuu hin dandeenye qaamni sadaffaan loogii irraa bilisa ta'e akka murteessu carraa ni kennaaf.<br><br>Guyyaa komiin hojimaata murtii kennuu dhiyaate irraa eegalee hanga murtiin dhumaa ta'utti, dhiyeessaan/ejensiin dursaa fi warri haala biraatiin yoo walii galan malee, daa'imni haala IFSP keessatti adda baafamee fi hayyamameef tajaajila gidduu seensaa qabatamaa/sirrii ta'e kan fedhii warraatiin mirkanaa'e argachuu itti fufuu qaba.<br><br>Komiin murtii kennuu Kutaa C jalatti iyyata tajaajila jalqabaa kan of keessaa qabu yoo ta'e, daa'imni tajaajila waldhbdee hin qabne argachuu qaba.<br><br>Ol'iyyannoon yoo dhiyaate malee, murtiin qondaala dhaddachaa dhiyeessaa/ dhaabbata hogganaa mootummaa fi warra irratti karaa seeraan kan hojiirra ooludha. |



| Process (Adeemsa) | Mediation (Araarsuu) | Processes Mediation Administrative Complaint (Komiiwwan Bulchiinsaa) | Due Process Hearing (Hojimaata Dadhacha Haqaa) |
|---|---|---|---|
| Yaada keessa galchuu | Araarsuun fedhiidhaan waan ta'eef miseensi maatii, dhiyeessaan EIS, ejensiin dursaa fi/ykn ejensiin mootummaa hirmaachuuf walii galuu qaba.<br><br>Rakkooleedhaaf furmaatni jiraachuu, ykn waliigaltee uumamuun isaa hirmaattoota irratti kan hundaa'udha.<br><br>Haalota walxaxoo ta'an irratti waliigaltee irra ga'uuf wayiitiileen araarsuu baay'ee barbaachisuu danda'a.<br><br>Waliigalteen barreeffamaa godhamuu isaatiif wabiin hin jiru. | Namni ykn dhaabbatni komii dhiyeessu yaaddoo IDEA'n hin hordofamne jedhu deeggaruuf dhugaawwan dhiyeessu qaba. Komiin barreeffamaa mootummaa naannootiif dhiyaatu mallattaa'uu qaba. **HUBACHIISA**: Odeeffannoo dhuunfaa adda baasu qaama sadaffaaf qooduudhaaf/gadhiisuuf hayyamni warraa barbaachisaadha.<br><br>Adeemsi kun namoonni dhimmicha keessa jiran waldhabdee kana waloon furuuf akka yaalan hin gaafatu. Haa ta'u malee, araarsuun yeroo kaminiyyuu akka jirutti itti fufa.<br><br>IDEA'n murtii barreeffamaa kanaaf mootummaan naannolee adeemsa ol'iyyannoo akka dhiyeessan hin gaafatu. Ol'iyyannoon yoo hayyamame, gabateen yeroon murtii dhumaa guyyaa kaalaandarii 60 ammallee hojiirra jira. *Filannoowwan jiraachuu danda'aniif ejensii dursaa mootummaa naannoo keessanii gaafadhaa.* | Murteen kun kan kennamu qondaala dhaddachaatiin yoo ta'u:<br>• Hojjetaa ejensii dursaa ykn tajaajila gidduu seensaa duraanii dhiyeessaa tajaajila gidduu seensaa duraanii ykn kunuunsa daa'imaa irratti hirmaatu miti;<br>• Fedhii dhuunfaa ykn ogummaa kan qabatamaan adeemsicha raawwachuu isaa ykn ishee keessatti waldhabdee uumuu danda'an kan hin qabne.<br><br>Murtii qondaala dhaddachaa irratti ol'iyyannoo yoo dhiyaate, murtiin sun hanga ol'iyyannoon raawwatamutti raawwatamuu hin danda'u.<br><br>Ejensiin dursaa abukaatoo seeraatiin bakka bu'uu ni danda'a. Yoo warri abukaatoo seeraa qacaran, baasii warraatiin kan ta'udha. |
| Murteessoo/Kan Murtoo kennu | Hirmaattonni, warri araasii/saafela dabalatee, furmaata irratti waliin hojjetu, bu'aa isaas ni to'atu. | Mootummaan naannoo komichi akka furmaata argatu, komii sana ilaalchisee murtiin walaba ta'e akka kennamu gochuuf itti gaafatamummaa qaba. | Araasii ykn saafela adda baasuu, madaaluu ykn kaa'uu, ykn araasii ykn saafela fi maatii daa'ima sanaaf tajaajila gidduu seensaa duraa kennuu wajjin walqabatee waliigaltee dhabuu furuuf kan oolu. |
| Gahee Qaama Sadaffaa | Araarsaan **akkaataa baratameen**:<br>• Hirmaattonni seera bu'uuraa wayita/yeroo sanaaf akka qopheessan gargaara.<br>• Bakka nageenyi isaa eegame uumuu fi hirmaattonni ilaalcha warreen biroo akka kabajan ni jajjabeessa.<br>• Maricha dhaggeeffachuudhaan, fedhiiwwan adda baasuu fi yaaddoowwan qulqulleessuudhaan ni qajeelcha.<br>• Murtiiwwan hin murteesssu.<br>• Seerota barnoota addaa fi tajaajiloota kanaan walqabatan irratti beekumsa kan qabudha. | **Qorataan komii tokko**:<br>• Odeeffannoo komii waliin walqabatu ni sakatta'a/gamaaggama.<br>• Namoota komii sanaan walqabatan waliin af-gaaffii ykn wal arguu ni danda'a.<br>• Seera hojiirra jiru irratti hundaa'uun argannoowwanii fi murtii ni kenna. | **Qondaalli dhaddachaa**:<br>• Sochiiwwan dhaddacha duraa hunda dabalatee duraa duba yeroo dhaddachaa ni to'ata.<br>• Dhaddacha ni gaggeessa, dhimmoota hojimaataa ni to'ata/bulcha.<br>• Ragoolee fi ragaalee biroo dhaddacha keessatti dhiyaatan irratti hundaa'uun murtii barreessuuf seera hojiirra jirutti fayyadama.<br>• Komii hojimaata murtii kennnuu (gaaffii dhaddachaa) dhimmoonni dhaddacha dura yoo furmaata argatan kuffisuu ni danda'a. |
| Daangaa Yeroo | Duraaf duubni yeroon hin ibsamne. Yeroodhaan sagantaan qabamuu qaba.<br>• Araarri mirga maatiin tokko hojimaata dhaddacha murtii kennuu argachuuf qabu dhorkuuf ykn tursiisuuf, ykn mirga biroo kamiyyuu kutaa C kan IDEA jalatti argamu dhorkuuf itti fayyadamuu hin danda'u. | IDEA jalatti komiin barreeffamaa mootummaa naannichaaf guyyaa namni dhuunfaa sun rakkinicha beeku ykn beekuu qabu irraa eegalee waggaa tokko keessatti dhiyaachuu qaba.<br>• Murtiin barreeffamaa guyyaa komiin dhiyaate irraa eegalee guyyoota **kaalaandarii** 60 booda kan kennamu ta'uu qaba, yoo yeroon dheerate haala adda ta'een ykn gareewwan adeemsa araaraa irratti bobba'uuf yeroon dheeressuuf yoo walii galan. | IDEA'n daangaa yeroo komii galchuudhaaf murtaa'ee adda hin baasu. Yaaddoowwan tajaajila daa'ima keessanii irratti qabdan hatattamaan akka furamu mirkaneessuuf yeroon galchuun barbaachisaa dha.<br>• Dhaddachichi xumuramuu qaba, akkasumas murtiin dhaddachaas kennamuu qaba, guyyaa komiin hojimaata dhadhacha murtii kennuu itti dhiyaate irraa eegalee guyyoota **kaalaandarii** 30 keessatti. |

| Process (Adeemsa) | Mediation (Araarsuu) | Processes Mediation Administrative Complaint (Komiiwwan Bulchiinsaa) | Due Process Hearing (Hojimaata Dadhacha Haqaa) |
|---|---|---|---|
| Baasii Faayinaansii/ Maallaqaa/ Eenyutu Kaffala | Maatii sanaaf baasii hin qabu. Kan araarsuu fi waantotni fayyadaman baasii mootummaatiin kan dhiyaatudha. | Maatii sanaaf baasii hin qabu. Qorannoon ni gaggeeffama, murtiin baasii mootummaatiin kan dhiyaatudha. | Dhaddachichi, qondaalli dhaddachaa, waantotni fayyadaman, fi murtiin warraaf baasii tokko malee ta'uu qaba.<br><br>Tokko tokkoon garee kanaa baasii mataa isaa kan kaffalu yoo ta'u, kunis kaffaltii abukaatoo seeraa fi kaffaltii ragoolee dabalatee ta'uu danda'a. |
| Dhiibbaa Hariiroo Irratti Qabu | Araarsaan/jaarsi araaraa hirmaattonni rakkoo karaa bu'a qabeessa ta'een akka furan gargaaruu danda'a.<br><br>Walqunnamtiin fooyya'aanii fi hariiroon fooyya'oon yeroo baay'ee bu'aa araaraati. | Adeemsi kun hariiroo irratti kan xiyyeeffatu miti. | Dhaddachi murtii adeemsa waldhabdee furuu baay'ee faallaa ta'ee fudhatama. |
| Akaataa itti qophaa'an<br><br>Leecalloowwan dabalataa marsariitii CADRE irratti argama<br><br>**www.cadreworks.org** | Kanneen gochuun kan gargaaru ta'uu danda'a:<br>• Dhimmoota irratti mari'achuu barbaaddanii fi gaaffilee gaafachuu barbaaddan tarreessaa.<br>• Fedhii daa'ima keessanii fi maatii keessaniif maaltu baay'ee barbaachisaa akka ta'e yaadaa.<br>• Yaada namoota biroo, akkasumas furmaata ta'uu danda'an dhaggeeffachuu fi of eeggannoodhaan ilaaluuf fedhii qabaadhaa.<br>• Sanadoota qindeessaa, guyyootaa fi yaadannoowwan irratti kaa'aa, akkasumas kooppiiwwan dabalataa fidaa kottaa qooduudhaaf.<br>• Meeshaalee namoota biroo ibsuuf ykn beeksisuuf gargaaran fidaa kottaa.<br>• Yeroo maree sanatti miira garaagaraa akkamitti to'achuuf akka karoorfattan yaadaa.<br>• Mareen osoo hin jalqabiin dura argamaa, kanaafuu hirmaachuudhaaf yeroo qophooftan qabdu. | Namni himannaa dhiheesse:<br>• Yeroo komiin dhiyaatu IDEA'n hin hordofamne himannaa jedhu deeggaruuf odeeffannoo barbaachisu hunda hammachiisaa.<br>• Yeroo walfakkaatutti komiin Mootummaa Naannootti yommuu dhiyaatu, himataan waraabbii komii sanaa dhiyeessaa EIS, ejensii hogganaa mootummaa naannichaa ykn qaama komicha mormuuf dhiyeessu qaba.<br>• Odeeffannoo dabalataa waa'ee komii kanaa yeroon argachuudhaaf, gaaffiiwwan hundaaf deebii kennaa.<br><br>Galmee daa'imaa fi sanadoota biroo hunda qindeessuun odeeffannoon kun akkamitti ulaagaalee barbaachisoo ejensichaa akka hin hordofne agarsiisuuf qophaa'uun gargaaraa ta'uu danda'a. | Dhimmcha haala guubsaa ta'een dhiyeessuuf qophiin guddaan barbaachisaadha.<br><br>Dhaddachaf qaamonni/gareewwan kanneen armaan gadii hojjechuuf qophaa'uu qabu:<br>• Ragaa walitti qabuu fi dhiyeessuu<br>• Ragoolee, tarree ragoolee fi sanadoota dhaddachaa biroo qopheessuu<br>• Gaaffiii fi gaaffilee-qaxxaamuraa ragoolee<br><br>Qaamoleen/Gareewwan abukaatoo seeraa qacaruuf ykn mari'achuu dhiisuu filatu. Namni abukaatoo seeraatiin bakka hin buune "pro se" jedhamee dhiyaachuu ni danda'a. Kun jecha Laatiin yommuu ta'u, namni sun adeemsa seeraa keessatti of bakka bu'a ykn buuti jechuudha. |

CADRE sanada kana kan qopheesse U.S. Department of Education (Muummee Barnootaa Ameerikaa) tti Office of Special Education Programs (Waajjira Sagantaalee Barnoota Addaa) Waliigaltee Waldaa Hojii Gamtaa Lakk.H326X130001 jalatti. Tina Diamond, Ph.D.,qondaala pirojektii ta'uudhaan tajaajilaniiru. Yaadonni asitti ibsaman ejjennoo ykn imaammata U.S. Department of Education (Muummee Barnootaa Ameerikaa) kan bakka bu'an miti. Maxxansa kana keessatti kan caqasame Oomishni, meeshaan, tajaajilli, ykn interpiraayiziin kamiyyu U.S. Department of Education (Muummee Barnootaa Ameerikaa) irraa deeggersa ofishaala karaa kaminuu kan yaadame ykn tilmaamame hin qabu. Omishni kun qabeenyaa ummataadha. Guutummaatti ykn gartokkeen baay'isuuf hayyamni kennameera. Maxxansa kana irra deebi'anii maxxansisuuf hayyamni barbaachisaa ta'uu baatus, caqasni isaa: CADRE (2018) ta'uu qaba. Qajeelfama Saffisaa CADRE *Adeemsa Waldhabdee Furuu Sirrii Ta'e Gidduu-galummaa Warra Araasii fi Daa'imman Saafelaa (Dhalachuu hanga Umurii 2)*, Eugene, Oregon, CADRE. Guyyaa Maxxanfame: Fulbaana 2018.

**Ilaalchi waliigalaa kun eegumsa adeemsaa IDEA kan Kutaa C kamiyyuu ykn ulaagaalee seera federaalaa ykn naannoo kamiyyuu hiikuuf, fooyyessuuf ykn bakka buusuuf kan yaadame miti.**

### *Giddugala Waldhabdee Furuu Sirrii Ta'e Barnoota Fedhii Addaatiin:

(541) 359-4210 cadre@directionservice.org www.cadreworks.org

*DCYF sanyii, bifa, koorniyaa, amantii, amantii, haala gaa'elaa, madda biyyaa, haala lammummaa ykn godaansa, umrii, fedhii saalaa ykn eenyummaa koorniyaa, waraana duraanii ykn sadarkaa waraana keessatti qabaniin, sadarkaa akka haadha harma hoosituutti, fi hir'ina qaamaa, miiraa, ykn sammuu kamiyyuu jiraachuu ykn itti fayyadama qajeelfama saree ykn bineensa tajaajilaa irratti hundaa'uun loogii kan hin goone yoo ta'u, sagantaalee fi tajaajila isaa namoota hundaaf walqixa akka argatanitti ni dhiyeessa. Maxxansa kana bifa ykn afaan biraatiin kooppii bilisaan yoo barbaaddan, maaloo Hariiroo Hawaasaa DCYF 1-800-723-4831 irratti qunnamaa ykn* ***communications@dcyf.wa.gov*** irratti iimeelii godhaa.

DCYF PUBLICATION FS_0089 OM (11-2024) Oromo